# سُورَةُ الأَعْلَى
# Suuraa A`laa

*Dura¸dursoo,suuran tun {suuratul`akglaa} je'amti — قبل كل شئ هذه هي سورة الأعلي

*isiin suuraa makkaati — وهى مكية

*Aayanni isi`ii kudha sagali — وآياتها تسع عشرة

*lakkooysi isiidhaa saddeettamiitorba — وعددها سبع وثمانون

*Isiin eega suuraa takwiirii buute — نزلت بعد سورة التكوير

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii. — بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

سَبِّحِ اسْمَ رَبِّكَ الْأَعْلَى ﴿١﴾

**1}***Rabbii kee waan isaan hin malle hundarraa qulqulleysi , inni guutu'uu ir`uudhan mitii ir`uudhaa mitii,yaadi.Rabbiin wahayyurraayuu dureysaa haajama`aa mitii yaadi,Rabbiin arga`aa balla`aa mitii, dandaya`aa dadhaba`aa mitii,jira`aa,duuti isaan hin maltuu ,yaadii ,qulqulleysi .Rabbiin waan isaan hin malle hundarraa ol taye,inni du`eeti galeen , isaan hin maltu, xilaata isaatu isa ajjeessee ,isa rarraasen ,isaan hin maltu,ammallee inni jaarti`iifii, ilmo`otti haajamaan ,isaan hin maltu ,maalif wanni kun hundinuu ir`ummaa beysisa,kan ir`ummaa san ifirraa deemsisu`uu itti haajaman, ammoo Rabbiin tokkichan haajamne ,kan gargaarsifamnee, waan san hundaa oli.

الَّذِي خَلَقَ

*Rabbiin kan waa hunda uume,

فَسَوَّىٰ ﴿٢﴾

**2}***Guutee ,bareechee ,waan uume , san walitti qajeelchee ,wal gaxxamsiisee ,tan humniti takka, taanirra dabartee walin fokkifne, fakeysa`aaf harki tokko kaanirra hin dheeratu jechu'.

وَالَّذِي قَدَّرَ

*Rabbiin kee kan waan uume hunda hanga godheefii mure,waan inni tayeefii , bakka inni jiraatufii , waan inni dalaguufii, rizqiin isaa hangana , je`ee quunqumee,

فَهَدَىٰ ﴿٣﴾

**3}***Duuba waa n uume hunda waan uumefitti qajeelche,kan waan gaarii dalaguu isaf uume,Waan gaarii sanitti qajeelchee, kan sharri`ii uume,sharri`itti qajeelchee ,shinbirroo rizqii isi`ii uumetti qajeelchee ,ilmoo hori`ii,takkaa waan biraa,akka

itti waa nyaattu, khanniisa akka itti waa jaaru, muka akka itti mayruufii , gara mayru barsiisee , waa hunda karaa uumefitti qajeelche.

وَٱلَّذِىٓ أَخْرَجَ ٱلْمَرْعَىٰ ٤

**4}***Rabbiin kan mayra horiin dheedufii waan birallee magarsee.

فَجَعَلَهُۥ غُثَآءً

*Eega mayra jiidhaa turee goggoysee ,caccabsee, hoshoshommeessee,

أَحْوَىٰ ٥

**5}***Gurraachomsee ,haala isaa jirjiiree ,akka biraa godhe.

سَنُقْرِئُكَ

*Rabbiin odoo qur`aana hin buusin nabi Muhammadiin akki je`e;qur'aana sirratti bufnee si qaraasisu'uu teenyaa , beeki je`een jennaan nabi Muhammad waan Rabbiin isa qaraasisu , irraanfatuu if sodaatee , yaaddawe , hoggaa san Rabbiin hin sodaatin .

فَلَا تَنسَىٰٓ ٦

**6}***Waan nuti si qaraasifnu , hin irraafattu je`ee sodaa irraa deemsise.

إِلَّا مَا شَآءَ ٱللَّهُ ۚ

*Yoo waan Rabbiin ,ati isa irraanfa tuu fedhe ,taate malee ,waan biraa waa takka hin irraanfattuu,hin sodaatin ,sun akka bakka aayata duraan buusee jiru,waytiin isi`ii dhumnaan aayata biraa buusee ,ta duraa isa irraanfachiisu`uutii ,waan san malee nabi Muhammad waan dhagaye , kan irraafantu hin qabu

إِنَّهُۥ يَعْلَمُ ٱلْجَهْرَ وَمَا يَخْفَىٰ ٧

**7}***Rabbiin waan namni dirree baasee je`u takkaa dalagu, ni beekha , akkasuma waan namni dhoysee je`u , yookaa dalagu ni beekhaa wanni isarraa dhokhatu hin jirtu . waa hunda isaatu uumee akkamiin isarraa dhukhatti?.

وَنُيَسِّرُكَ لِلْيُسْرَىٰ ٨

**8}***Yaa ergamaa khiyya muhammad kharaa kheyri'iiti si qajeelchina , shari`aa laaftuu dalagaan isi`ii namattin ulfaanne sii kennina ,sun islaamaa, shari`aan islaamaa shari`aa laaftu`u, waan namni hundi itti dalaguu dandayu malee , waan namni ba`atuu hin dandeenyetti naman ajajju , tanaaf jecha namni dhaabbatee salaatuu dadhabe, dullumma`aaf, dhukkubaaf taa`eti salaata , kan waytii ramadaanaa imaltuu jirus , gaafa gale soomana, yoo kan achitti hin soomanin taate. Namni dhukkubsatu , takkaa isiin ulfaa, yookaa hoosiftu , yoo soomanni akkaan nu miidhaa sodaatan , furaniiti , gaafa dandayan soomanan , akkasuma namni safaraa , yoo isaa amnatti jiru, waytiin zuhri`ii itti geesse ,itti dhiiset , asri`iin wajji salaata ,yoo zuhrii hara baafatu`utti ka jiraatu taate , asrii gad fudhateeti zuhri``iin wajji salaata maghribaafii, ishaa`inis, akkasi,namni bishaan

dhabe biyye'een salaata , namni waa duraa najifame, akka ummata duritti bakka san , wayaa tayuu , waan biraa tayuu muree hin darbuu bishaanin dhiqee xahaarafata . kun hundinuu wanni nu garsiisu, akka sharii`aan islaamaa laaftuu naman dhibne taate.

*Karaa gaari`irratti nama gorse,

فَذَكِّرْ

**9}***Yoo kan gorsi faaydaa yookaa bu`aa fidu taate,yoo namni ati gorsitu kan gorfamu taye, ammoo yoo gorsi kan hin fayyanne taye , namni ati gorsitu aara wasanaa baye qabaatee, takkaa nama beekha`aa didu tayee,waytii gorsi fayyadu,takkaa nama gorsi fayyadu laalii gorsi.

إِن نَّفَعَتِ ٱلذِّكْرَىٰ ﴿٩﴾

*Waan sirraa dhagayuun ni gorfama .

سَيَذَّكَّرُ

**10}***Namni qalbiin isaa Rabbi sodaattu, kan jannata Rabbii khajeelee , azaaba isaa sodaatu.

مَن يَخْشَىٰ ﴿١٠﴾

*Gorsa hin qeebaluu irraa fagaata ,

وَيَتَجَنَّبُهَا

**11}***Namni qalbiin isaa goggoyde sun kaafiraa.

ٱلْأَشْقَى ﴿١١﴾

**12}***Kan ibidda azaaba,kan irra gudda`aa seenu`uu taa`u ,ibiddii guddaan ibidda aakhira'aati , ammoo xiqqaan ibidda addunya`aati.

ٱلَّذِى يَصْلَى ٱلنَّارَ ٱلْكُبْرَىٰ ﴿١٢﴾

*duuba, kaafirri, hoggaa ibidda aakhira`aa ,Seenee gubate,gubatiinsa saniin du'ee laala`arraa haran baafatu,

ثُمَّ لَا يَمُوتُ فِيهَا

**13***Ammallee jiruu, isa fayyaddu hin jiraatu ,maalif ? jiruun isaa jiruu laalaa itti idaatu , duuba jiruun akkanaa jiruu hin je`amtu , tanaaf Rabbiin hin du`uu hin jiraatu je`e.

وَلَا يَحْيَىٰ ﴿١٣﴾

*Dhugumaan milkaaye,

قَدْ أَفْلَحَ

**14}***Namni amanee, kufri`irraa if qulqulleyse, akkasuma amala hamaa hundarraa if eegee, if xahaarsee.

مَن تَزَكَّىٰ ﴿١٤﴾

**15}***Maqaa Rabbii dhayee { allaahu akbar} je`ee , salaata shanan salaate dhugum-

وَذَكَرَ ٱسْمَ رَبِّهِۦ فَصَلَّىٰ ﴿١٥﴾

aan milkaaye. namni Rabbitti amanee,haala hamaa hunda dhiisee, haala gaarii qabatee, salaata shanan salaate, inni nama aakhiraa maraxatee , addunya`aa aakhiraa milkaaye. ammoo namni Rabbitti amanuu didee,haala hamaa qabatee waan Rabbiin itti ajaje dhiise ,nama addunyaa maraxatee , inni addunya`aa aakhiraa khasaarame , takkaa bade.

بَلْ تُؤْثِرُونَ ٱلْحَيَوٰةَ ٱلدُّنْيَا ﴿١٦﴾

**16}***Isin yaa warra Rabbittii balleesse ,aakhiraa dhiiftaniiti addunyaa maraxattan.

وَٱلْءَاخِرَةُ خَيْرٌ وَأَبْقَىٰٓ ﴿١٧﴾

**17}***Aakhiraan ,isi`iif dalaguu dhiiftan addunyaa isin maraxattan tanarra karaa hundaan caalti, ammallee aakhiraan waan hafaati. Qananiin aakhira`atti argatan,waan zalaalami`iitii, namarraa hin deemtu ammoo qananiin addunya`aa ,waan hafaatii mitii ,waan dhabamu, takkaa deemu ,fayyan dardarummaan ilkeen ijji gurri rifeensi gurraachi bareeduminni waan biraa dhiisii jiruun tee hundinuu,waan sii hafuu miti atuu gartee ,aakhiraan waan hafaati, tan Rabbiin si uumee, addunya`aa aakhiraa sii uume ,sii odeessee,akkamiin waan hafaa dhiiftee,waan dhumaa maraxatta? yookaa filatta?.

إِنَّ هَٰذَا

*Namni Rabbitti amane kan,waan hamtu`urraa if qulqulleyse ,milkaayun aakhiraan addunya`arra caalun,

لَفِى ٱلصُّحُفِ ٱلْأُولَىٰ ﴿١٨﴾

**18}***Kitaabban qur`aana dura buufne keessatti , dubbannee jirra kitaabban keessatti dubbanne sun.

صُحُفِ إِبْرَٰهِيمَ

*Kitaaba,xixiqqaa, kan ergamaa keenya ibraahiimirratti buufnefii

وَمُوسَىٰ ﴿١٩﴾

**19}***Kitaaba ergamaa keenya Muusa`arratti buufne,kitaaba tawraat je`amu dura nabi Muhammad nageenyi isarrati haa jiraatuu akki je`e : {namni addunyaa jaalate, aakhiraa isaa miidhe ,namni aakhiraa maraxate addunyaa isaa miidhe , haatayuu waannin isinii dhaamu , waan hafu waan dhumurra caalchisaa} je`an addunyaa maraxatuun , ma`naan isaa Rabbitti kafaruu tanaaf jecha namni dhuga`aan Rabbitti amane , kan dalagatee horii waan gaari`iin dalagu aragate, nama amane kan horiin qabnerra caala, yoo mu`minticha horiin qabne san , wanni addunyaa dalagatuu isa dhoowwitu, itti jiraatte malee.